ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 20 Adoolessa 2010 Lakk: 1159/ABO/10

Murni Shanee Gummii dhiiga qabsaawotaa dhangalaasuu dhaabuu qaba

Yaa Ummata Oromoo!

Dhaamsa kana gara keetti dabarsaa ka jirru dirqama qabsoo qofaa osoo hin taane gaafatama lammummaa keenyas bahachuuf.

Nuti Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) ilmaan Oromoo gidduutti dhiiga walii dhangalaasuun, diinnii lafatti hafee wali irratti bobba'un, gonkumaa ta'u hin qabu jennee amanna.

Haa ta'u malee, murni Shanee Gumii Waraanaa Bilisummaa Oromoo (WBO) Zoonii Kibbaa irrtti, Waxabajjii 24, 2010 eegalee, weerara qawwee geggeessaa jiraachuu gadda guddaadhaan si beeksifna.

Haala kanaan Jaal Saara Baattoo fi Jaal Halakee Duubaa Waxabajjii 24, 2010 rasaasa qawwee ergamtoota Shaneen hooganamuun galaafataman. Jaal Saaraan nama umriin isaa waggaa 24rii yommuu ta'u Jaal Halake umirin waggaa 22 ture. Jaallan lamaanuu mooyxannoo waggootii dheeraa kanneen qaban yoggaa ta'u Jaal Saaraan WBO keessatti Abbaa Saglii ture. Jaallan kun rasaasa ergamtoota Shaneen tumamanii gara jabina hiriyaa hin qabneen ajjeefaman.

Lola Adoolessa 7 fi 8, 2010 ergamtootonni Shanee geggeessan irratti Jaal Mohammed Bubbee akkasuma rasaasaan ajjeefame. Jaal Mohammed Bubbee nama umirin waggaa 30 ture. Akkasumas miseensotni WBO shan (5) madaawani jiru.

Gama keenyaan rakkoo akkasii hambisuuf jecha nagaan garaagarummaa keenya fixachuuf tattaaffii wal irraa hin citin yeroo dheeraaf gochaa turre. Waamichi nagaa Muddee 2008 murnoota maqaa ABOn sosso'an hundaaf dabarsine fudhatamee nagaan rakkoo ilaalcha sisyaasaa nu gidduutti dhalate furannnee ABO deebisnee dhinsuuf tattaaffii irra jirra.

Murni Shanee Gumii garuu sochii kana gufachiisuuf maallaaqa ummata Oromoo irraa maqaa QBOn waliitti qabatetti fayyadamuun qabsaawota dhabamsiisuuf bobba'e. Balaan murna Shanee Gumiin qabsaawota kee irratti aggaammatame kun haasaa nagaa itti jirruuf gufuu guddaa ta'ee argina. Karaa tokko nagaa haasawaa karaa kaan ammo dhiiga lolaasuu fi lubbuu qabsaawotaa balleessuun gocha diinni duuba jiru yoo ta'e malee ilmaan Oromootiin ni godhama jedhani amanuun ni rakkisa.

Nuti gama keenyaan murna Shanee wajjin kaayyoo adda addaa yoo qabaanne illee diina kallatti ti jennee waan hin amanneef akka ilmaan Oromootti wal ajjeesuu fi wal balleesuun salphina jenna.

P.O.Box 21762, Washington DC, 20009, USA Tel: (202)-521-5653
E-mail: waajjira@oromoliberationfront.info

Shaneen garuu QBO erga gufachiisu jalqabee waggoota baayyee ta'un isaa si jalaa dhokataa miti. Bara 2001 murni Shanee Gumii tattaaffii dhaabicha keessatti rakkoo mareen furachuu fashalchiisee qabsawotaa fi dhaabicha bakka lamatti baqaqse. Yaaliin Shanacha Jaarsummaas diddaa Shaneen gufate. Maallaqa maqaa qabsootiin ummata Oromoo irraa funaannatetti fayyadamuun, bara 2002 keessa Shaneen WBO Zoonii Kibbaa irratti waraana banee dhiiga ilmaan Oromoo dhangalaase. Kaayyoo QBO busheessuun, ilmaan Habashootaa waliin tumsa ijaarrachuun, qabsicha of duuba sigigaachise. Bara 2007 "maqaan ABO anaaf ta'a" jechuun mana seeraa ambaatti ilmaan Oromoo yakkuun qabeenyaa ummata Oromoo hedduu qisaasee dhuma irratti mohamee jira. Ammaan kana ammo waraana qawwee qaabsaawota Oromoo irratti banee ilmaan Oromoo dhiiga wal dhangalaasisaa jira.

Waggoota kurnan dabran kana keessa doolara kumaatamaan lakkaawwamu ilmaan Oromoon gumaatamaa ture diina keenya Wayaanee irratti qabsoo akka ittiin geggeessuf ture. Haata'u malee, guyyaa tokko ille osoo Wayyaanee irratti hin bobba'in, lafa taakkuu tokko illee osoo hin bilisoomsin ilmaan Oromoo bilisummaa Oromiyaaf jecha beelaa fi dheebuu, daaraa fi dhukkuba obsanii dirree falmaa irra jiran irratti maaltu duulchise?

Dhaamsi murna Shanee Gumiif qabnu, qabsaawoota gufachiisuuf marxifatanii kan itti jiran kana irraa kan bu'a argatu diina ummata Oromoo qofaa ta'uu akka hubatan. Kanaaf, qawwee saanii ilmaan Oromoo irraa gara Wayaanee isa biyya keenya booji'ee ummata keenya lafee qorqaa jiruutti akka naanneessan isaan gaafanna.

Yaa Ummata Oromoo!

Haalli amma dhalate kun waan ati eggataa jirtu akka hin taane ni hubanna. Hubannaa kana irraa ka'uun erga Shaneen lola kaasee illee obsaan akka garmalee dhiiga ilmaan Oromoo dhangalaasuun dhaabbatuuf yaaliin nuti goone, Shaneen Gumii yakka raawwatame haaluu fi haguuguun gufachiifame.

Abba qabsichaa kan taate ummata Oromoo, murni Shanee yakka fokkataa fi suukaneessaa kana irraa akka dhaabbatu dhiibba akka gootu irra deebiin waamichaa siif dabarsina.

Deggertoonni fi miseensotni murna Shanee Gumii hundinuu, akka warrii dhiiga qabsaawotaa dhangalasan kun gocha diinummaa batalaan irraa dhaabbatan dhiibbaa akka gootan isin gaafatna.

Murna Shaneef gumaatuun, qabsoo fi tokkummaa Oromoo irratti duuluu ta'uu akka hubattan isin yaadachiifna.

Balaa hanga ammaa raawwatameef fi kan fuldurattis qabsoo Oromoo gaaga'uf dhufu hundaafuu gaafatamni kan murna Shanee Gumii qofa ta'uu hubachiifna.

Oromiyaan ni bilisomti!

Adda Bilisummaa Oromoo